Hanga namni tokko qabrii nama biraa bira darbee akkana jedhutti qiyaamaan hin dhuftu: Osoon bakka isaa ta’ee natti tola

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhan: "Hanga namni tokko qabrii nama biraa bira darbee akkana jedhutti qiyaamaan hin dhuftu: Osoon bakka isaa ta’ee natti tola".

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hanga namni tokko qabrii bira darbee bakka abbaa qabrii sanaa ofii du'uu hawwutti qiyaamaan akka hin taane himan, Sababni isaas sababaa cubbuu fi warri cubbuu ol'aantummaa argatanii fitnaan adda addaatii fi badiiwwan muldhachuutiin amantii isaa dhabuu irraa sodaachuu isaati.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65022